28 Gurraandhala/February 2017

Weerrarri Shanyii Duguuggii fi Saamicha Lafaa Oromo irratti Baname

Ibsa KQ Jaarmolii Bilisummaa Oromo Afurii (ADO, ABO, ABO-"T", KWO)

Mootummaan Itoophiyaa Adda Bilsummaa Ummata Tigraayin (ABUT) durfamu, kan sochii bulisummaa fi abbaa biyyumaa ummanni Oromo November 2015 hammaa October 2016 kara nagayaa fi naamusa guddaan geggeesseen hundeen roora'e, Muddee bara 2016 irraa jalqabee ummata Oromo irratti weerara shanyii duguuggii fi saamicha lafa gegeessaa jira.

Weerarri sanyii duguuggii fi saamicha lafaa kun ummataa fi lafa ball'oo Oromiyaa irratti banamee deemaa jira. Weerarri kun Baha Oromiyaa irraa Qumbi, Cinaaqsan, Miidhagaa Lolaa, Gursum, Mayyuu Mulluqqee, Baabilee, Carcar/Gumbii Bordodde, Baale Daawwee Saarii, Sawweena, Madda Walaabuu fi Raayituu, Gujii Idalloo fi Liibanii fi Boorana Moyyaalee fi bakkoota biraa hedduu keessatti deemaa jira.

Akka mootummaan ABUT sobaan lallabu itti, weerrarri kun, weerara "Bulchiinsi Naannoo Somaalee" Oromo irratti bane miti. Walitti bu'iinsa gosoota Oromo fi Somaalee ollaa Oromiyaa jiraattuu illee miti.

Weerarri kun weerara humna waraanaa ABUT-n sagantaawee, qindaayee, "Liyyuu Poliis" Bulchiinsa Naannoo Samaalee" je'amuu golgaa godhatee Oromo irratti baname. Kan weerara sanyii duguuggii fi saamicha lafa ummta Oromo irratti bane mootummaa ABUT ti. Kan Oromo ajeessaa fi lafa Oromo saamaa jiru waraana mootummaa ABUT ti.

Akeekni weerara kanaa ummata Oromo gaafii bilisummaa fi mirgaa kara nagayaatin kaasee adabuu fi lafa Oromo irraa Oromo duguugee, ummata Oromo hin tahin irraa qubachiisuu dha. Kana gochuun, ummata Oromo fi ummatoota ollaa Oromiyaa jidduu itti waldhabii fi lola adda hin citne tolchuu dha. Mootummaan ABUT karaa kanaan ummata Oromo dadhabsiisee, hamile caphsee, lafa isaa irraa duguugee, aangoo mootummaa Itoophiyaa irraa turiinsa dheerafachuuf saganteeffate.

Seenaa dhiheenyaa keessatti, weerarri fakkaataan, Oromo fi lafa Oromo irratti kan tahe, baroota dhuma 1970-moota keessa. Weerarri dhuma baroota 1970-moota keessaa, kan Mootummaan Republika Somaaliya Ziyaad Barree tiin tahe ture. Yeroo san Ziyaad Barree

akeeka Somaaliyaa Guddittii ijaaruuf sagnateeffatee, ummata Oromo Afran Qalloo, Anniyaa fi Ituu, Arsii, Gujii fi Boorna guutuuf maqaa “Somaali Abboo” moggaasee weerara lafa saamichaa fi ummata Oromo Somaalessuu irratti baneet ture. Lola Ziyaad Barree san, saboontonni Oromo dura dhaabbanne. Fashaluu weerara saniif illee gumaachine.

Garaagarummaan weerara bara 1970-moota keessaa Oromo irratti tahee fi kan ammaa, weerarri ammaa kan Mootummaa Itoophiyaatin saganteeffamee, qindaayee Oromo fi Oromiyaa irratti labsamee tahu isaati. Mootummaan ABUT lola sanyii duguugii fi samicha lafaa Oromo irratti bane deemsisaa jiruun, akeeka mootummaan Ziyaada Barree yaalee duraa fashale san karaa biraan guutaa jira jechuun ni dandayama. Itti dabalee, weerarri ammaa kun itti fufa weerara fi saamicha ABUT bara 1991 kaasee Oromo irratti deemsisaa jiruu ti.

Weerrara mootummaa ABUT kanaan Oromota dhibbootaan lakkaawamuutu ajjeefame; ajjeefamaa jiraas. Lafa Oromo bal’ootu humna waraanaan dhunfa ”Liyyuu Poolis” jala oolee alaabaan “bulchiinsa Naanno Somaalee” irra dhaabbatee balal’aa jira.

Weerarri sanyii duguggii fi saamicha lafaa kun heera addunyaa fi heera biyyatti illee faallessa. Mootummaan ABUT Heeraa fi seera ofiif tolchee faallessuu adeeffatu illee, akka isaan ololan itti yoo ummata ollaa gidduu dhibdeen jiraatte, karaa nagayaa fi aadaatin furamti malee, warannii mootummaa gara tokko goree ummata ”ni bulchina” jedhan itti hin duulamu.

Weerarri kun, weerara jireenya Oromo gaaga’uu irratti aggaamame fi deemaa jiruu dha. Weerara lafa ummata Oromo kukutanii kan biraatif kennuu ti. Weerara ABUT hogooggi ”Liyyuu Poolis” jedhuun Oromo irratti labsee deemsisaa jiru kana, karaa hundaan dura dhaabachuu fi fashalsuun dirqama Oromo hundaati. Gatiin Oromon weerara kana dura dhaabachuuf baasu, gatii akka ummataa itti, biyya teenya irraa kabajaan jiraachuuf baafnu waan taheef, gatii bilisummaa fi kabajaa namoomaaf baafnu. Gatii haqaaf baafnuu. Gatii kabajamuun haqa Oromo fi tokkummaan biyya Oromo tiksuun gaafatu hunda baafnee weerara kana fashalsuun dirqama keenya; dirqama Oromo hundaati.

Waamicha Jaarmayootaa fi ummata Oromo-f

Weerara sanyii duguuggii fi saamicha lafaa Oromo/Oromiyaa irrati baname, weerara jireenya Oromo, tokkummaa Oromo fi Oromiyaa irratti deemaa jiru kana nu Jaarmoliin afran Koree Qindeessituu utubanne, waan hunda dura ansineeti, kara hundaan dura dhaabbanna. Cimsinee illee balaaleffanna.

Jaarmoliin siyaasaa, jaarmayoonni ummataa fi ummanni Oronmoo hundi tokkummaan weerara sanyii duguuggii ABUT Oromo fi Oormiyaa irratti labse kana karaa hundaan wajjiin akka dura dhaabbannu waamicha lammummaa isiniif goona. Kanumaan walqabsiifnee, marii hunda keenya ammate gochuun, tarkaanfi fi murtii Oromo humneessu hunda gamtaan fudhachuun yoon isaa illee amma jenna. Mootummaan ABUT weerara amma Oromo irratti baneen, ijibaata dhumaa gochaat jira. Weerara kana dura dhaabachuu

fi fashalsuun dhumaati bittaa ABUT itti akka geessuu hubannee, tokkumaan bilisummaa ummata Oromof haa qabsoofnuu jenna.

Waamicha Oromota Mootummaa ABUT Tajaajilaa Jiraniif

Oromonni mootummaa ABUT karaa addaa addaatin ABUT tajaajilaa jirtan, hamma yoom akkanaan itti fuftu? Hamma yoom mootummaa ummata Oromo naasuu takka malee ajjeesaa, hidhaa fi dararaa jiru, mootummaa "Liyyuu Poolis" Somaalee golgaa godhatee, weerara sanyii duguuggii fi saamicha lafa Oromo irratti banee , Oromo lafa isaa irraa buqqisuun ummta biraaf kennaa jiru tajaajiluu? Hamma yoom kabajaan namoomaa keessanu qondaalota ABUT-n guyya guyyaan dhiitamuu kan obsitu? Haala isinii fi ummanni Oromo keessa jirtan akka keessa deebitanii gamaagamtanii fi dura of bilisoomsuun falammii jireenyaa, falammi mirga abbaa biyummaaf, haqaaf, qixxummaaf fi bilisummaa fi deemookraasiif ummanni Oromo deemsisaa jiru bira karaa isiniif mijjateen akka dabalamtan waamicha obbolummaa isiniif goona. Hubadhaa: ummanni Oromo bilisoomu malee, isin illeen bilisaa miti. Ummanni Oromo aangoomu malee, isin illeen hin aangomtan. Bilisummaa, aangomuu fi kabajaa namoomaa ummata Oromof dhaabachuun yeroon isaa amma isiniin jenna.

Waamicha Hoggantootaa fi Ummata Somaaleef

Akkuma beekamu, ummatoonni Oromo fi Somaalee baroota kumaatamaaf ollummaa gaariin jiraanne. Ummatoonni lamaan ollaa qofa odoo hin tahin, ummata aadaa fi afaanin illeen hedduu walfakaannu; waa heddu wajjiin qabnu. Ummatootni Oromo fi Somaalee, ummatoota lafaa fi daangaa waliif beekuu fi waliif kabaju, ummatota rakkoo ummatoota lamaan jidduu itti dhalattee, karaa nagayaa, aadaa fi walkabajaan furachaa jiraanne akka tahe garri lachuu beekna.

Amma ammo, hogantoonni ABUT, kan bara 1991 irraa kaasanii mootummaa Itoophiyaa dhunfatan, lafa fagoo irraa dhufanii, tooftaa "qoqoodanii bituu" hujii irraa oolachuun, ummata Oromo fi Somaalee walitti buusuu hujii godhatanii jiran. Ummatoonni Oromo fi Somaalee akkuma baroota kumaatamaan ollummaan nagayaan jiraanne, fuula dura ille jiraatuuf deemna. Ummatota lamaan qubsuma, aadaa, afaanii fi seenaatu walitti nu hidha. Ummata Somaaleef ollaan ummata Oromo ti. Ummata Somaaleef, ABUT fi ummanni ABUT keessaa bahe ollaa hin turree; ollaa illee tahuuf hin jiraatu. Ummataa fi hoggantoonni Sameelee, dhugaa kana yaadachiisuu barbaanna. Dhugaa kana yaadachuun, humna fagoo dhufee, dantaa ofitiif jecha, hariiroo ollaa gaarii ummatoota keenyaa booressaa fi diigaa jiru kana dura akka dhaabbatan waamicha isiniif goona. Maayii irratti kan walitti hafu, kan walitti aanu, nu ummata Oromo fi ummata Somaalee akka taane yaadadha.

Waamicha Ummatoota Itoophiyaa Maraaf

Mootummaan abbaa irree ABUT gara jabeenyaan mirgoota namoomaa ummatoota Itoophiyaa guutuu humna waraanaa fi tikaaan dhiitaa fi saamaa akka jiruu hundaatu beeka. Aangoo mootummaa Itoohiyaa irra caalaa turuuf, tooftaa gargar baasanii bituu, cunqursuu

fi saamuu itti fayyadamuun, ummatoota heddu walitti buusuuf baroota 26 keessatti ijibaanni Mootummaan abbaa irree ABUT hin yaalin hin jiru.

Muddee 2016 irraa kaasee, humna waraanaa "Liyyuu Poolis " Somaalee jedhamu golgaa godhatee, weerara sanyii duguuggii fi samicha lafa Oromo irratti baneet jira.

Lolli arr'a mootummaan abbaa irree ABUT Oromo irratti bane, Oromo irratti daangeffameekan hafuu miti. Humna Liyyu Poolis kana dura naannoo Amaaraatti hojii dhoksaa fi shiraa deddeebisanii hojjachiisani ummata akka adabu taasisuun mirkaniidha. Gochi akkanaa ummata biraatis gahuun hin hafu.

Hundi keenya bilisummaa fi nagaya hawwineef gonfachuuf, kabajaa namoomaa qabaannee biyya teenya keessa sodaa malee jiraachuuf, mootummaan abbaa irree ABUT baduu qaba. Lolli of irraa facisuu ummanni Oromo sirna ABUT irratti deemsisu, lola keessani. Yoo tokkumaan dhaabbanne lolle; wal-duukaa yoo qabsoofne; mootummaa ABUT aangoo irraa ariineet abbaa biyyaa teenyaa taana. Bilisummaa, kabajaa namoomaa fi nagaya arganna. Tanaaf jecha, ummanni hundi wajjiin sochoonee sirna abbaa-irree ABUT irratti warraaqsa bilisummaa akka cimsinu irra deebinee waamicha isininiif goone.

Ummata fi Dhaabbatoota Addunyaatif

Mootummoonni dhihaa bara 1991 irraa kaasee mootummaan abbaa irree Itophiyaa ABUT hogganu gargaarsa karaa hundaatin bira dhaabbachuun, gaafii qixxummaa, haqaa fi deemookraasii ummanni Oromo fi ummtoonni Itoophiyaa biraa kaasan, humna waraanaatiin akka ukkaamsu gumaachuun keessan hin waakkatamu. Mootummaan abbaa-irree ABUT, ji'a Muddee bara 2016 irraa kaasee ummata Oromo irratti weerara ball'aa sanyii duguuggii fi samicha lafaa (ethnic cleansing and land grab aggression) ummata Oromo irratti baneet jira. Ummata Oromo dhibbootaan lakkaawamuu tu weerara kanaan ajjefamaa jira. Oromon lafa isaa irraa duguugamaati jira. Rakkoo yeroo dheertuuf sabatiinsa Gaanfa Afrikaa dhoowwuu maltuutu Mootumma abbaa irree ABUT-n habaqaalamaa jira.

Mootummaan Itoophiyaa ABUT hogganu, weerara sanyii diguuggii fi saamicha lafa Oromo irratti bane kana hatattamaan akka dhaabu dhiibba akka gootan waamicha isiniif goone. Ummata Oromo weerara kana dura dhaabbachuun, qabsoo jieenyaa, kabajaa mirga namoomaa fi haqaa gochaa jiru akka bira dhaabbattan waamicha isiniif goona.

Adda Demokraatawaa Oromo (ADO)

Adda Bilisummaa Oromo (ABO)

Adda Bilsummaa Oromo "T" (ABO)

Kallacha Walabummaa Oromo (KWO)

Injfannoon Ummata Oromof! Injifannoo ummatoota Itophiyaa ABUT cunqursu hundaaf!